jechuudha." Jedheen. Umaris yaada ilmi isaa Abdulmalik dhiheessetti daran gammadee yaada sanarrattis waliif galan.

Ilma isaa abdulmalikiin wal-qabatee kitaabonni seenaa waan hedduu dubbatu. Haa ta'u malee hanga ragaaf ta'u hammana dubbannaan nu ga'a.

Eeruu gorsaa gorsitoota irraa kennameef.

Umar ibnu Abdul'aziiz akkuma aangootti ol ba'een gara beektota hedduutti xalayaa erguun akka jarri bulchiinsa isaatiif gorsa barbaachisaa ta'e kennanuuf gaafatee ture.

Beektota inni gaafatee fi akkasumas gorsa jararraa argate guutummaatti ta'uu baatus irra irraa mee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Hubachiisa; - boqonnaa jalqabaa keessatti kan fuul-duratti itti dhufna waliin jennee turre[35] amma bira geenyeerra. Kanaafuu as keessatti xiinxalaa deemuu qabna.

1. Hasan Al-Basrii

Umar akkuma aangoo qabateen xalayaa gara beekaa beekamaa Hasan Al-Basriitti erge. Xalayicha keessattis erga nagaa itti dhaammateen booda bulchaa haqummaa qabu jechuun bulchaa akkamii akka ta'e akka ibsanuuf gaafate.

---

35 Ulaagaalee bulchaa bulchiinsa gaariitiif barbaachisanu kanneen mataa mataa jaraa tuqnee osoo hin ibsin bira tarre.

Hasan Al-Basriinis xalayaa dheeraa barreessaniif. Xalayichas maqaa Rabbiitiin eegalan. Rabbiinis faarfatan. Itti aansuunis ergamaa keenya Muhammad irratti nageenyaa fi rahmata buusan. Itti fufuun akkas jedhan.

"Yaa ajajaa mu'umintootaa. Bulchaan haqummaan bulchu akka abbaa ilmaan isaatiif gaariiti. Daa'imummaa jaraa keessatti ni bal'isaaf, erga jarri guddatan booda ammoo jara barsiifata. Har'a jaraatiif dhaabbataa borii jaraatiifis yaada. Bulchaa haqummaa qabu jechuun akka haadha ilmaan isiitiif garaa laaftuuti.

Haala ulfaataan garaatti jara baattee, haala ulfaataadhaanis jara deessi. Haala ulfaataadhaanis ammoo jara guddisti. Yoo jarri fiigan ni fiigdi. Yoo jarri taa'an ni teessi. Gammachuu jaraatiin gammadaa gadda jaraatiin gadditi. Bulchaan haqummaa qabu abbaa amaanaa yatiimotaati. Tiksaa harka qalleeyyiitis. Daa'imummaa jaraa irraa eegalee jara tiksa. Jara guddisas.

Bulchaa haqummaa qabu jechun akka qalbii(onnee) laphee keessatti argamtuuti. Kan yoo isiin tolte qaamni guutuu tolu. Yoo isiin badde ammoo qaamni guutuun badu. Bulchaan haqummaan bulchu. Namticha gidduu Rabbii fi gidduu gabroota isaa dhaabbate dha. Jecha Rabbiis ni dhagaha. Kan gabrootaas akkasuma. Gara Rabbiis ni ilaala gabrootas ni arga.

Yaa dura-bu'aa mu'umintootaa aangoo Rabbiin harka kee kaa'e kana keessatti akka gabricha sayyidni (gooftaan) isaa qabeenya isaarratti amaneenii gabrichichi ammoo qabeenya sana keessatti danta dhabaa fi gufufaa ta'ee sayyida isaa fi maatii sayyida isaa

rakkinarra buusuu hin ta'in." jedhanii barreessaniifii gara Umaritti ergan.

***

2. Xaawuus

Akkasumas gara beekaa Xaawuus jedhamuuttis erguudhaan gorsa barbaachisu akka isaaf kennan gaafate. Beekaan kunis gorsa gabaabduu ergaa guddaa of keessatti hammatte xalayaarratti barreessuun erganiif. Xalayichis akkas jedha.

"*Yaa dura bu'aa mu'umintootaa nageenyi Rabbii sirra haa jiraatu. Rabbiin keenya guddaan Qur'aana nuuf buuse. Qur'aana sana keessattis wantoota heyyamamuu qabanu nuuf heyyamee wantoota dhorgamuu qabanu irraas nu dhoorge. Waa'ee Dhimmoota gara garaas nuuf ibse. Yeroo ibsus ammoo garii jaraa ifa galoo godhe. Gariis ammoo wal-makatoo taasise.*

Egaa wantoota inni hayyame hayyami. Wantoota inni dhoorges dhoorgi. Wantoota inni nuuf ibse keessatti seeraan xiinxali. Jarreen ifa galoo ta'anitti hojjedhu. Jarreen wal-makatootti ammoo amani. Nagaan Rabbii sirra haa jiraatu." Jechuun barreessee ergeef.

***

3. Saalim

Kana malees gidduu aangoo qabate sana keessa yaaddoo guddaa keessa seenee ture. Mana isaa keessa fuulli isaa

suntuuree kophaa osoo taa'aa jiruu beektonni lama kan maqaan jaraa Saalim jedhamuu fi Muhammad binu Ka'ab jedhamanu seenan. Yeroo seenuu jaraa argus nagaa gaafatee teessise. Itti aansuuns gara beekaa Saalim jedhamuutti naanna'uun *"na gorsi."* Jedheen.

Saalimis gorsa isaa eegale *"Yaa dura bu'aa mu'umintootaa Rabbiin gabroota isaa hunda keessaa filatee bakka kana si kaa'e. Akkuma inni namoota hundarraa adda si baasee si filate atis ammoo gabroota isaa kaan caalaa nama Rabbiif bitamu ta'uu qabda.*

Namoota ammoo bakka sadi'itti baasii ilaali. Angafoota akka abbaatti,giddu galeeyyota akka obbolaatti,jarreen xixiqqaa ammoo akka ilmaaniitti ilaali. Abbootaaf kabajaa, obboleeyyaniif itti dhiheenya, ilmaaniif ammoo gara laafina kenniif. Dura bu'aa hunda dura du'u ta'uu kees ammoo beeki." Jechuun gorsa isaa xumure.

***

4. Muhammad binu Ka'ab

Guyyaa tokko Umar nama Hishaam binu Misaad jedhamu waliin osoo taa'anii seenaa Umar Ibnul-Khaxxaab kaasanii dubbatanuu Umar ibnu Abdul'aziiz boo'e. Gidduu kanaan beekaan Muhammad ibnu Ka'ab jedhamu dhufe. Eegduun balbalaas akka Muhammad ibnu Ka'ab dhufe beeksisuun seensaaf heyyama gaafate.

Umaris akka inni seenuuf hayyame. Yeroo Muhammad binu Ka'ab ol seenu Umar imimmaan haxaawwachaa ture. Muhammad binu Ka'abis maaltu akka isa boochise gaafate. Umar cal'isnaan Hishaam binu Misaad wanta ta'e hundumaa itti hime.

Muhammad ibnu Ka'abis gorsa barbaachisaa kenneefii akkas jedhe. "*Yaa dura bu'aa mu'umintootaa biyyi addunyaa kun akka magaalaati. Kan namoonni gariin hongoo kaan ammoo milkii keessaa daldalatanii ba'an.*

Namoota nu dura dabarfatan keessaa irra hedduun haala nuti keessa jirru keessatti dabarfatan. Osoo galaa borii hin yaadatin jiruu jaraa guutuu jiruu addunyaa kanaatiif kennanii osoo hin dammaqin isii keessaa fe'atan. Garuu jannata jibbanii osoo hin taane jiruu biyya lafaatiin booji'amaniiti.

Qabeenya walitti qabaa turanis namoota isaan jaalatanuu fi kan hin jaalanneefis dhaala godhanii dhiisanii deeman. Ofii garuu gara ganda komii dhiheeffachuun hin jirreetti imalani.

Yaa dura bu'aa mu'umintootaa Rabbii kee sodaadhu karaa lameenuu qalbii kee keessa jiraachisi. Lamaan keessaa ammoo kan gaafa Rabbii keetiin wal-geessu si waliin ta'uu isaa barbaaddu filadhu. Guyyaa iddo bu'een namaaf hin argamne sanatti Iddo bu'ee kees taasifachuuf dharra'i.

Rabbii kee sodaadhu, namootaaf ulaa kee bani, girdoo kee salphisi,miidhamaa gargaari, miidhaa dura dhaabbadhu.

Beeki namni waa sadi qabu nama seeraan Rabbitti amane dha. Isaanis;- Nama yeroo waa jaalatu waan jaalate sanaaf hin dogongorre,nama yeroo dallanu dhugaa irraa hin maqne, nama yeroo humna argate humna isaa sana abdachuun qabeenya namootaa dhuunfachuu hin barbaanne." Jedhee gorsa kenneef.

***

5. Abii haazim

Abii haazim akkas jedha. "Guyyaa tokko osoo Umar ibnu Abdul'aziiz waliin teenyuu *'na gorsi'* naan jedhe. Anis gorsa gabaabduu tokkon isa gorse.

'Mataa kee lafaan gahadhuu ciisi. Yeroo ciistu sana akka waan duuteetti of tilmaami. Yeroo sanatti maaltu si waliin taanaan akka gammadduu fi maaltu ammoo si waliin taanaan akka gadditu adda baafadhu. Wanta itti gammaddu sana har'uma itti cichii qabadhu. Wanta itti gadditu sana ammoo har'uma irraa fagaadhu.' jedheen gorseen." Jedhee nuuf hima.

***

6. Khaalid binu Safwaan

Guyyoota keessaa guyyaa tokko Umar ibnu Abdul'aziiz beekaa beekamaa khaalid binu safwaan jedhamuun *"Yaa Khaalid mee gorsa keerraa naaf qoodi."* Jedhee gaafate. Khaalidis gorsa gabaabduu ergaa bal'aa of keessatti hammatte

kenneefii akkas jedhe. *"Rabbiin namoota jiran keessaa si caalchisee si filate. nam-tokkollee sirraa ol akka ta'u hin hayyamne. Atis namoota jiran keessaa nam-tokkollee si caalaa akka Rabbiin galateeffatu hin hayyamin."* Jechuun gorsa isaa xumure.

***

7. Saalim Mawlaa Muhammad binu Ka'ab

Umar ibnu Abdul'aziizbara jireenya isaa keessatti obboleessa Rabbiif jecha akkaan wal-jaallatan tokko qaba ture. Namtichi sun gabricha Muhammad ibnu Ka'ab ture. Muhammad ibnu Ka'ab boodarra isa bilisoomse. Maqaan isaas **"Saalim"**jedhama.

Umar erga gara aangootti dhufeen booda guyyaa tokko ofitti waamee isa haasofsiise. Akkas jedhe. *"YaaSaalim itti gaafatamummaa natti kenname kana bahachuu dadhabee akkan Rabbiin biratti irraa hin gaafatamnen sodaataa jira. Mee maal na gorsita?"* jedheen.

Saalimis *"Yaa Umar yoo dhuguma akka jedhaa jirtu sodaatteetta ta'eef gaariidha. Garuu kanan siif sodaadhu sodaachuu dhabuu keeti. Rabbiin keenya Rabbii gabricha isaa tokkoof ganda keessa jiraatu isaaf mijeessee gabrichi sun gandattii sana keessatti badii tokkittii hojjennaan gandattii irraa isa baase dha. Nuti garuu abbootii badii hedduuti. Garuu akkasuma ta'uu keenya waliin gandattii keessa turuu hawwina."* Jedheen.

***

8. Muzaahim

Umar matuma isaatii yeroo odeessu akkas jedha. *"Namoota mugiitii*[36] *dogongoraa irraa na dammaqsan keessaa inni jalqabaa Muzaahimi."* Jedha. Umar haasawa isaa Ittuma fufuun "Yeroo tokko gurbaan tokko yakka yakkee qabame. Gurbaan sun yeroo hedduudhaaf yakkaan qabamee dhihaateera. Anis yakka sanarratti akkasumas itti deddeebi'uu isaa sanarratti hundaa'uun akka adabamun taasise. Garuu adabbiin sun daa

ngaa dabarfate.

Muzaahimis akkan gurbaa kana hiikuuf na gaafate. An garuu hin qeeballen ture. *'Hanga inni badiitti deddeebi'ee maalummaa adabaa hubachuu dadhaben laalessee isa agarsiisa malee hin dhiisu.'* Jedheen yaada koo ibseef. Innis dallansuun natti dubbatee akkas jedhe.

'Yaa Umar gocha kee kana irraa akka deebituuf dhaabbii guyyaa borii fuul-dura Rabbii dhaabbattuunan si akeekkachiisa.

Erga aangootti dhufteen booda waamicha namoonni 'geggeessaan akkas jedhe... geggeessaan akkas jedhe...' jedhanu irraa kan ka'e hangan maqaa kee dagadhu tokko geesseetta. Dhimmi kunis na

---

[36] Irriba (rafiitii).

yaachisa.' Naan jedhe. Anis nan rifadhe. Girdoon wa'iis fuula koorraa fuudhame." Jechuun nuuf hima.

***

9. Dargaggeessa tokko (Kanmaqaan isaa hin himamin.)

Gaaf tokko dargaggeessi wa'ii ganda tokkorraa gara Umar ibnu Abdul'aziizitti dhufuun fuul-dura Umar dhaabbatee itti dubbate. *"Yaa Umar dhaabbii an fuuldura kee dhaabbataa jiru kanaan dhaabbii fuul-dura Rabbii dhaabbattu yaadadhu. Falmattoota hedduu qabaachuu kee waliin. Guyyaa sana ammoo nama abdii siif ta'uu fi badii keerraa si qulqulleessu akka hin qabnes yaadadhu."* Jedheen.

Umaris akka malee rifatee boo'icha eegale. Dargaggeessi sunis akkanni dubbii kana irra deddeebiin dubbatu gaafate. Gurbaanis ittuma deddeebise. Umaris baay'ina boo'ichaa irraa hanga gaggabu tokko ga'e.

Xumura irrattis dargaggeessichi maal akka inni barbaadu gaafate. Dargaggeessichis *"iddo bu'een kee kan ati ganda keenyarra keesseen qabeenya koo dirhama*[37] *kuma kudha lama(12,000) haqa malee narraa fuudhee man-kuusa qabeenya ummataatti dabale."* Jechuun himate. Umaris hatattamaan akka haqni isaa deebifamuuf ajaje.

[37] Saantima birrii irraa tolfme.